Talaallii Johnson + Johnson Irrattii Barreeffama Marii Iftooma Qabuu

[muuziqaa nama gammachiisu]

[Mataduree Iskiriiniirraa] Talaallii Johnson + Johnson Irratti Marii Iftoomina Qabu

[Dr. Nathan Chomilo] Akkam jirtu, fayyaadhaa? An Dr. Nathan Chomilo ti. Adriana Galvan waliinan as jira. Waa'ee talaallii COVID-19 Johnson fi Johnson dubbachuu akkasumas waa'ee talaalliiwwan COVID-19 akka waliigalaatti gaaffiiwwan qabnu kamiifuu deebii kennuuf as jirra. Akkam jirta Adriana?

[Adriana Galvan] Gaariidha Doktor. Carraa kanaaf galatoomaa.

[Chomilo] Eeyyee, marii kana taasisuu keetiif galatoomi. Maal ree, waa'ee talaallii Johnson fi Johnson gaaffii kaaftu qabdaa?

[Galvan] Tole egaa, eeyyee, inni duraa, jalqaba yeroo talaalliin Johnson fi Johnson kennamuu jalqabe, gidduutti dhaabatee ture. Anis waan ta'en baruu barbaada.

[Chomilo] Eeyyee. Egaa talaalliiwwan hunda miidhaa dhabuu isaanii dhugaadhumaan itti dhiyeenyaan hordofaa jirra. Maal ree wanti hubatames, namoonni talaallii Johnson fi Johnson fudhachaa turan kan kantarriin dhiigaa isaan mudachaa ture tokko tokkotu turan. Kanaaf immoo wanti kun talaallicha waliin walqabachuu isaa ilaaluuf, akkasumas akka wal'aanamuu danda'uuf dooktoroonnii fi narsoonni biroon walxaxaa kana beekuu isaanii mirkaneeffachuuf gidduutti dhaabamee ture. Wanti nuti agarre ammoo wayita talaallii Johnson fi Johnson fudhattan miidhaa xiqqaa kantarrii dhiigaa qabaachuu isaati. Yoo umuriin keessan 50 gadi ta'ee fi yoo dubartii taatan miidhaan sun xiqqoo ishee ni guddata. Walumaagalatti garuu miidhaan isaa baay'ee xiqqoodha. Dhugaa dubbachuudhaaf, yoo COVID-19 qabaattan balaan kantarrii dhiigaa kana qabaachuu guddaadha. Kanaaf, COVID-19 irraa of eeguuf nuti amma iyyuu talaalliin Johnson fi Johnson akka fudhatamu cimsinee gorsina. Waa'ee talaallii Johnson fi johnson hawaasa irraa maal dhaga'aa baatan?

[Galvan] Tole, yaaddochaan alatti, wanti dubbatamuu qabu tokko talaallichi doozii tokko qofaan waan kennamuuf namoonni ni jaallatu. Yeroo waa'ee talaalliiwwan kanniinii yaadnu talaalliiwwan suun miidhaa dhabuu isaanii beekuun yeroo hunda barbaachisaadha. Talaalliiwwan kunniin yeroo ammaatti hammam miidhaa-maleeyyiidha?

[Chomilo] Talaalliiwwan kunniin hundi isaanii miidhaama hinqaban jechuun ni danda'ama, baay'ee bu'a-qabeessas. Dhugumas immoo nuyii fi hawaasa keenya COVID-19 irraa ittisuuf ni gargaaru. Kanaaf, waa'ee isa kam fudhachuu akka qabdanii ilaalchisee gorsa adda ta'e tokko iyyuu hin qabnu. Kanaaf, qorannoo keessan geggeessaa, gaaffii keessanis gaafadhaatii warra jiran keessaa tokko fudhachuuf karoorfadhaa. Isuma miidhaa hinqabu jettanii yaaddan akka fudhattaniif isin gorsina. Hawaasonni keenya hundi ammoo talaallicha sadanuu argachuuf carraa qabu, kun ammoo dhugaa dubbachuudhaaf waan guddaadha jedheen yaada. Namoonni kana quba qabaachuu isaanii ammoo mirkaneeffachuu barbaanna. Anumti iyyuu talaallii COVID-19 fudhadheen jira. Ati hoo, fudhattee jirtaa?

[Galvan] Eeyyee, fudhadheera.Miira baayyee gaariitu natti dhagaa’ama. Miidhaa hinqabu jedheen yaada. Hiriyoota kiyyaa fi namootan jaalladhu waliin ta’uu nan danda'a.

[Chomilo] Sirriidha. Sirriidha. Ammoo fudhachuun, talaallii COVID-19 fudhachuun, waan fedhe iyyuu haa ta'uu kaayyochi talaalliima fudhachuudha, sababiin isaa gara jireenya idileetti deebi'uu nu dandeessisa. Gara guyyoota yaadne sanatti deebi'uu. Ayyaaneffannaadhaan yeroo waliin dabarsuu danda'uu, namoota jaallannu bira dhaquu, hawaasa keessa jiraachuu. Kanaaf immoo dhugaadhumatti hawaasonni keenya akka isaan talaalamanii fi ittisa hawaasaa sana akka nuu kennanin abdadha.

[Galvan] Kanaaf, wanti nuti akka cuunfaatti dhiyeessuu dandeenyu, talaallii kamuu haa ta'uu, wanti barbaachisaan namoonni talaalamuu isaaniiti.

[Chomilo] Baay'ee sirrii, baay'ee sirriidha. Akka isinitti toluuf odeeffannoo sana argachuuf wanta gochuu qabdan godhaa. Murtoo miidhaa hinqabne gochuu akka dandeessanii fi ofii keessanii fi maatii keessan ittisuuf akka karoorfattaniif. Garuu yeroon isaa yeroo xumuramutti, weerara kana keessaa ba'uuf talaalamuu qabna. Tole, waa'ee marii kanaatiif guddaa galatoomaa. Dhugaa dubbachuudhaaf baay'ee dinqii ture.

[Galvan] Galatoomaa Doktor.

[muuziqaa nama gammachiisu]

[barreeffama iskiriiniirraa] Odeeffannoo dabalataatiif, kanailaalaa:
Giddugala To'annoo Dhibeewwanii (CDC): Talaallii COVID-19 keessan www.cdc.gov/coronavirus/2019-ncov/vaccines/your-vaccination.html
Kutaa Fayyaa Minnesota (MDH): Waa'ee Talaallii COVID-19
www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/vaccine/basics.html

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

6/24/21 (Oromo)

Odeeffannoo bifa biraan argachuuf, kana irratti bilbilaa: 651-201-4989